Oromo | Afaan Oromoo

**Caamsaa 2026**

**IJAARSA MANNEEN GURGUDDOO (BIIG HAAWUSING BIILD)**

# Richmond Kaabaa

## Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



### Qophii North Richmond Community akkaan qopheessame

Qophii xabiisaa baatii Bitootessaa keessa ture bokkoon dhaabuu hin dandeenye

### Dirree xabiisa kubbaa utubaa (basketball) haarayaan ni jalqabama

Dirree dorgommii xabiisaa kan artistiidhaan miidhage ilaali

### Hojii kan Vere Street guddisuu

Iddoo itti ijoollee mana barmootaa buusaan fi irraa fuudhan nageenya qabu mijjeessuu

Ajak Kwai
*kan BANH fi Yarra City Council waliin walitti siqeenyaan hojjetu*
Qophii North Richmond Community irratti do'atootaaf agarsiisa dhiheessa

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

## Dirree kubbaan utubaa (basketball) itti xabatamu akka itti tolchame ilaaluu



*Warreen bifa kuulan (artist) ijaarsa kubbaa utubaa (basketball) miidhegsaa jiran*

Akki inni tolchamuuf akeekame maree Wiirtuu Dargaggoota Richmond waliin taasisame irratti hundaawee dirreen sadarkaa dorgomiif tahu kan nageenya qabuu fi namooti hedduuf mijjatee kan itti gammadan akka tahuuf.

Hojiin jalqabamee walakkeessa bara 2026 xumuramuuf jira. Yero gandicha keessa deemtu mallattoo karaa irra jiran hordofi. Wal dorgammiin xabiisaa (games) dirraa lammaffaa kan bakka Elizabeth Street irra jiru keessatti xabachuutu danda'ama.

**Haala hojichi irra gahe hordofuuf odeessa argachuuf email kee itti dabali. bakka homes.vic.gov.au/sign-up jedhutti of galmeessi**

### Bifa dirree xabiisaa haaraya


- Lafa akka haarayaatti irra afame
- Ibsaa wayyeessame
- Bakka teessumaa (seating) haaraya
- Sararaa haaraa lafa irra tolchuu
- Cufaa irra dabramuu fi ulaa guddaa gara dirree xabiisaatti dabarsu

## Wal-quba qabeenya qabaachuu

**Sagantaalee odeeffannoo** | **Dubdeebii Gorsaa** | **Odeessa argachuuf mallattoo tolfadhu**

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/richmond-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**

Abboomsaa fi maxxnsaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.
© State of Victoria, Homes Victoria, Caamsaa (May) 2026. (HV013226).
Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians | VICTORIA State Government

# Richmond keessa maaltu tahaa jira

## Caamsaa 2026

### Vere Street bakka itti buusanii fi fe'an

**Iddoo nama fuudhan fi itti buusan nageenya qabu bakka Vere St taasisuu**

Karaa itti seena Vere St hanga Richmond West Primary School jiru hanga walakkeessa bara 2026 hojjetama

- Yeroo kana Vere St karaan dabraa cufaa taha
- Karaan jiraatota naannichaa fi gargaarsa hatattamaaf banaa taha
- Karaan miilaa banaa dha
- To'annaan Konkolaataa ni jiraata

### 139 Highett Street

**Hojiiwan**

- Manneen keessaa bahame keessaa waan qoratamu hanga tokko fuudhuu

### 106, 108, 110 fi 112 Elizabeth Street

Fuulduratti irra deebiin misoomsuu

To'attuu qilleensaa dhaabuu Itti fufa

### 72–76 Church Street

**Hojiiwan**

- Manneen keessa bahame ilaaluu, tiksuu, nageenya eeguu fi wanneen hin barbaachine keessaa baasuu
- Maashinoonni xixiqqoon gandicha qulleessu, kosii kaasu




### Kireeffatoota gara manneen haarayaatti dabran qubachiisuu gargaaruu

**Ganama sa'aa 10 - galgala sa'aa 4**
**Wixata (Monday) hanga Jimaataa**
Richmond Kaabaa
Wiirtuu Hawaasaa
110 Elizabeth Street

### Naannoo jireenyaa

**Guutummaa gandichaa keessa tiki nageenyaa ni jira**

- Bakkicha cancalaan cufuun ni jalqabama
  *Odeeffannoo caaluuf maxxansa gandicha keessa jiru ilaali*
- Balbaloonni nageenyaa mana uffata miiccuu hawaasaa hangam akka hojjetan qorachuun itti fufeera
- Kaameraan tikaa (CCTV) torban guutuu sa'aa 24 fi kaneen nageenya tiksan gandicha keessa guutummaatti ni jiran

**Hojii biyyee qorachuu**

- Jalqaba Caamsaa (May) 2026 hanga dhuma 2026 biyyeen laficha irraa fuudhamee qoratama
- Nageenyaaf jecha gandicha irraa lafti hangi tokko dalasaan (fence) itti tolchama
- Yeroo sanatti bakka margi biqilee jiru maashinaan lafa qotamuu fi waan guuramu hanga tokko tarii arguu maltu

**Bakka xabiisa kubbaa utubaa (basketball) guddisuu**

- Sadarkaa xabiisa wal dorgommiif mijjatutti ol guddisuun walakkeessa waggaa keessatti xumuramuuf eegama




### 5 Lewis Court fi 161 Elizabeth Street

Manneen gamtoomaa (social homes) fi bakka hawaasaa haaraya 144

**Bara 2025 keessa kan xumurame - kireeffatooti itti galanii jiran**

### Elizabeth Street, Anderson fi Williams Courts miilaan ol bahama

**Hojiiwan**

- Manneen jireenyaa onan nagaa gochuu, sakatta'uu fi mirkaneessuu
- Manneen duwwatan keessaa meeshaalee hin barbaachifne gatuu
- Maashinoonni xixiqqaa qulqulleessuu fi kosii gatuuf gargaaran
- Manneen duwwatan keessaa bantii fi gorroo isaa keessaa waan ilaalamu fakkeenyaaf (Samples) fuudhama
- Hojjetooti manichaa fi naannoo isaa irra ijaarsa tolchanii ol bahuu fi gadi bu'uuf itti gargaaramu malu

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga
Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti

**Sanbata duraa**
Waaree dura sa'aatii 9 hanga
Waaree booda sa'aatii 3 gidduutti

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

1300 598 521

richmond.housing@dffh.vic.gov.au

Yeroo tokko tokko sa'aa hojii keessaa ala hojjechuuf yeroo barbaachisu hayyama gumii gaafanna garuu yoo akkas kan tahu tahe jiraatota ni beeksisna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

## Yeroo raaw'ii hojii deebisanii ijaaruu

139 Highett Street fi Elizabeth Street fi Williams fi Anderson Courts kan miilaan irra ol bahaman

**Yeroo jiraatoti manneen kana keessa jiraataa jiranitti manichi hin diigamu.**

### As jirra

**1. Caalaatti barachuu fi wantoota nageenya akka qabatan gochuu**

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

### Giddu-gala bara 2026

**2. Qophaa'uu**

- Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Namoota miilaan deeman, konkolaataa fi bakka konkolaataa dhaabuuf dhaqqabummaa nageenya qabu gochuu
- Wiirtuu Hawaasaa North Richmond 110 Elizabeth Street.

### 2026

**3. Diiguu**

- Waan irra dhaabatanii jaaran tolchuu
- ijaarsa keessoo manaa xumuruu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**